IYASUUS INNI DHUGAAN ISA KAMI?

MAQAA ABBAA KAN ILMAA KAN AFUURAA QULQULLUU WAAQA TOKKOON. AMEEN.

Yeroo ammaa rakkina guddaa namoota muudacha jiru keessaa Iyyasuus Kiristoos Inni dhugaan isa kam akka ta`e walii wallaaludha. Maaliif yoo jenne, fakkeenyaaf namni amanta Ortodooksii Tawaahidoo keessaa bahee gara miseensummaa warra amantii piroostaanti yemmuu dabalamu yoo gaafatame `Iyyasuus fudheen deeme, Gooftaa fudheen deeme` jedha. Akka haaratti,Iyyasuus gooftadha,Iyyasuus fayyisaadha, IyyasuusMootidha,Iyyasuus Buddeena,Iyyesuus jireenya……jedhee itti fufa, hanga kanatti sirriidha, dhugaadhas,wangeelas, garuu deemee deemee itti fufa, “Yesuus ammalaajidha, Maqaa Yesuusiinan Waaqa kadhanna…maqaa Yesuusin gooftaa galateeffanna”…: jedhe yaada jalqaba sanaan gonkuma faallaa kan ta`anitti dhufa. Asitti waljalaa dhaha. Dura Waaqa jedhet deebi`ee ammoo araarsadha jedha.Kunni rakkoo fi dhibee guddaadha.

Maqaan Iyyasuus jedhu kanaan namoonni dogongoraa jiru.Dhuguma kun akki ta`u, dursee Gooftaan mataa isaatiin dubbatee ture. “Kan maqaa kiyyaan hin gufannes inni eebbifamaadha (Mat 11:6) jedheera. Ergaan kun ergaa guddaadha, maaliif Gooftaan akkas jedhe jennaan, maqaa Kiristoos kan lallaban garuu Kiristoos Isa Waaqa ta`e kan hin lallabne akka dhufan Gooftaan waan beekuuf. Kanaaf innumti dursee ” Raroo hoolaa uffatanii kan sinitti dhufan, keessa isaanitti garuu yeeyyii buttuuwwan kan ta`an, raajota sobdoota irraa of eegaa……..fedha Abbaa koo yoo raawwatan malee “Yaa Gooftaa Yaa Gooftaa kan nan jedhan hundi mootummaa Waaqayyoo kan galan miti……guyyaa sanatti namoonni hedduun “Ya gooftaa yaa gooftaa maqaa keetiin raga hin dubbannee,maqaa keetinis agaanintii hin baafnee?maqaa keetinis ajaa`iba gara garaa hin raawwannee jedhu..yeso sanas ani tasuma isin hin beeku, isin yaa warra amatsaa, narraa fagaadhaa jedhee ittan dhugaa baha jedha” (Maat 7:15-23). Maaloo caqaqasa kana hundumti keessan dubbisaa. Egaa hubadhaa, fayyuun Gooftaa qofaan ta`us, maqaa Gooftaa waamun qofa fayyinni hin jiru, maqaa Gooftatiin tinbiitii dubbachuu, dhukkuba fayyisuu fi seexana baasne jechuun qofa fayyinni hin jiru.Gooftan namoota akkasiitin ani sin hin beeku jechuunii waan maluuf, warri maqaa sana waaman hundi dhuguma maqaa Gooftaa isa dhugaa, isa humna qabeessa sana waaman moo jechicha calla waamumaaf waaman kan jedhu adda baafadhaa.

Ergan kana jedhee booda hubannoo gabaabadhan waa`ee Iyyasuus Kirstoos ibsuu koon dura wanta rakkina namni waa`ee gooftaa akka wallaalee shakkuu fi,Gooftaa maqaan qofa waamamu,kan isa hin taane sana akka deemu kan taasisan keessaa akka kootti sababa gurguddaan lama.Sababa gurguddaan kunniin irratti odeeffannoo qabaachun gaaridha:

1ffaa. Maxxaansawwan kitaaba qulqulluu gara garaa jiraachuu isaati,kitaabonni qulqulluun maxxansa gara garaa,kan fandii biyya alaatin maxxanan jechoota garaagarummaa uuman itti makanii maxxansu,kitaabonni kunniin ammo carraan argamuu isaanii baldhaadha,kanaaf yoosuma nama harka gahu.Namnis isana dubbise dogongora.Kanaaf fakkeenyi guddaan maxxansoota afaan amaaratin bara 1950 hanga bara 2000 turanidha.Isa dura fi booda kan iran garuu haaluma gaarii irra jiru.Akkasuma maxxansi hiikkaa Afaan oromoo ammoo bakka heddutti haala nama gaddisiisun iccitiin isaa kan faalla`edha. Kuni maalif ta`e yoo jenne olaantummaa fandii deeggarsa maxxansa kitaaba qulqulluufn durfamuu keenya. Caqasa dogongoraan hiikaman fakkeenyaaf(2Qor 5:19 irratti walitti cafaqee hunduma araarsa kan taasisu,Roomee 8:34,kan ni kadhata jedhu,ni murteessaa jechuu kan hiikamuu qabu,1Yoh 2:1…fi caqasni hedduun hiikan isaanii achumatti kan gaaffii kaasudha,caqasoota kana irratti kitaabota duraanii ilaalun dirqama ta`a,kana beekuu qabna.

2ffaa. Waa`ee dubbii fayyinaa gadi fageenyan barsiisuu dhabuu keenya: Abbootni keenya dur (akka fakkeenyaatti kitaaba Hayimaanote-Abew jedhamu ilaaluu dandeenya) wanti isaan barsiisan, karaan isaan masakan, haalli isaan waa`ee waaqummaa Gooftaa itti ibsan, haalli isaan shakkitootaaf deebii itti Kennan, iccitiin tawaahidoos maal akka ta`e haala dinqii ta`een caqasa kitaaba qulqulluun qaaccessanii barreessanii baldhisanii barsiissaa turan. Shakkaan kamuu ka`u iccitii Waaqayyo isaanii ibseen, dubbii nama ajaa`ibsiisunis barreessanii deebii laatu, Barreeffamni isaanis hanga hardhaatti qoricha shakkitotaati. Yeroo ammaa kana garuu barsiisonni jiranis ta`ee hayyootni baay`een,dhimma dubbii fayyinaa kana baldhisanii, ibsanii yeroo barsiisanii ykn lallaban,itti dhimmanii hubachiisuu irratti dhabamaa jiru, Abbootni barumsa iccitii fayyinaa dhiigsanii barsiisanis hirdhachaa dhufaniiru.Sanarra caalaatti seenawwans sasalphaa qofa kaasuudhan barsiisuu filatu barsiisonni ammaa hedduun. Kuni si`achi dhimma hordoftoota dallaa mana kiristaanaa keessa amantaa isheetin cimsuu ykn dhisuu waan at`eef, dubbii fayyinaa (iccitii Tawaahidoo) irratti harka caalu barsiisun gaarii ta`a.

Barsiisonni fi lallabdoonni ergaa kana dubbiftanis gaaffii hordoftoonni ittiin rakkatan irratti kitaaba irraa caqasuun sirriitti dhiigsitanii deebii kennuun dirqama akka qabdanin isinii dhaama.
Egaa rakkkinootni jajjaboo jedhee qabadhe kana qofa yaa ta`an malee rakkinootni shakkitoonni beektota kitaaba qulqulluu akka fakkaatan taasise danuutu jira.Garu miti.Amma qabxiiwwan namoota amantaa jijjiirratan akka of gaafatan taasisu kaasuttan deema.
A. Namoota battala amantaa Ortodooksii yeroo gadi dhiisan GOOFTAA fudhanne jedhaniif: Gooftaa isa kam fudhachaa akka jirtan beektuu? Gooftan kanaa sanii maal qaba akka hin jenneef, maqaa Gooftaa sobaan waamamu akka jiru wangeela Maatewos boqonnaa 7 irraa hubanneerra. Kanaaf akka haaratti Goofta fudhe jechuun maal jechuudha. Akka barsiisa amanta Ortodooksiitti Gooftaa Iyyasuus Waaqa, waaqa dhugaati. Jecha kana kan caalu ykn kan caalaa ibsu hin jiru. Maalif jennaan wanti Waaqa caalu hin jiru. Kanaaf jechi Gooftaa ittiin ibsinu kan addunya kana irra jiru hundi "**Iyyasuus Kirstoos Waaqa**" kan jedhuu kanaa gadi.Kanaaf Iyyasuus Kirstoos Waaqa ta`uusaa erga Ortodooksii keessatti baratta ta`ee, Waaqa isa biraa akkam barbaada deemta? Gooftaa isa kam fudhachuu deemta barumsa kana caalu ammoo kan kanaa gadii dhagahuu deemta? Kitaaba qulqulluu keessaa caqasa muraasa eeruuf"Kennaan kunis abdii keenya eebbifame, innis muldhachuu Hangaftichaa, kan Waaqa keenya fi kan fayyisaa keenyaa Iyyasuus Kiristoos eegaa; of too`chuudhan; tolummaa fi Waaqayyoon fakkaachudhaan bara kana keessa akka jiraanu nu barsiisa" (Tiitoo 2:2)."Inni Waaqa dhugaa fi jireenya bara baraati"(1Yoha 5:20).

Ammoos yaa hubannu,Gooftaan Waaqa yoo jennu, Waaqayyo waan nu jaalatuuf jireenya isaa dhagna sadiin jechuunis Abbaa Ilmaa fi Afuura Qulqulluu jedhee nuuf ibseen, durumayyuu aangoo, taayitaa, umurii, beekkumsa walumaa galatti waaqummaa isaatin tokkoo fi qixa ture,jiras.Bara booda foon uffate waan nutti muldhateef, Iyyasuus Kirstoos inni Waaqa jedhame kun akkamiin amma sa`aa kanatti, sa`aatii amma ati itti amantee jirtu kanatti, guyyaa hardhaa kanas "araarsaa ta`uu akkamiin danda'aree? Ilaa yaa hubannu yaa nama:

Gooftaa keenya Iyyasuus Kiristoos jalqabumayyuu kan ture erga ta'ee, Abbaa waliin erga ture, erga Addaamiin kalaqee uume,foon ufffachuun Isaa Abbaa dha fi Afuura Qulqulluu gadi isa ni taasisa? Gonkuma hin taasisu malee. Inni dura kan ture sanatu booda muldhachuusaa caqasa nutti himan keessaa kakuu haaraa keessatti yemmuu Yihudoonni Gooftaa Iyyasuusin "Ati egaa

abbaa keenya Abrahaam isa du'e irra ni caaltaa ree? Raajonnis du'aniiru, ati eenyu of seeta?" jedhanii yemmuu gaafatanitti gooftaan deebisee akkas jedhe "Dhuguma dhuguman isinitti hima,Abrahaam osoo hin dhalatin dura iyyuu ani jiran ture" (Yoh 8:53) jedhee deebiseefii jira. Gooftaan afaan isaatiin ani Abirahaam duran ture jedhee dubbateera. Abirahaamin fakkeenya fudhate waa'ee isa maqaa waan itti kaasaniif malee uumama kam durayyuu ture, Abbaa isaa waliin tureerahoo,argamsiisaan uumamaayyu isadha.Kanaaf araara kennuu Fudhachuu fi dhiisuu Abbaa Isaa fi Afuura Qulqulluun walqixa Ta`ee murteessa malee,Inni erga Waaqa ta`ee,akkamiin nu araarsaree?

Kanaaf Inni uumama dura ture kun kaayyoon isaa foon uffatee nama ta'ee jaalala akkasumas fakkeenya ta'ee nama fayyisuuf malee kabaja isaa isa jalqabaa sana irraa Abbaa Isaa fi Afuura Qulqulluun gaditti xinnoo of buusuuf hin turres, mitis.

Kakuu moofaa keessattis ammoo inni Ilmi dur jireessi kun,yeroo foonin waloometti foonifis aboon kennamuu isaa iccitiidhan akkanatti Raaja Daani'el irra bulee dubbata "halkan mul'ata arge kunoo ilma namaa kan fakkaatu duumessa samiiwwanii waliin dhufe gara isa umuriidhan dulloomeetti dhufe gara fuula dura isaattis dhiyeessan gostii fi ormootni isaan afaan gara garaatin dubbatan hundumtis akka bitamaniif bulchiinsi fi kabajni mootummaanis ni kennameef bulchiinsi isaallee kan hin dabarre isa bara baraati mootummaan isaas hin baddu" jedha(Dani'el 7:14). Isa kanarraa maal hubanna? Waaqummaan Isaa duruu jira, Fooniif aboon kuni hundi kenname jechuudha mitii? maaliif yoo jenne Gooftan foon waan uffatee Abiddi Waaqummaa(Malakoot) foon waliin, waloomee(tawaahidoo) tokko ta'e waan ta'eef. Kanaaf foon aboo argate. Kanaaf foon uffachuun Isaa akkamiin kabajaan Abbaa Isaa hanqisee isa kiristoos namaaf kadhatu taasisa? Kuni dogongora bu'uurati.

Kan Amantaa kiristaanummaa ishee takka turte yaa'ii Keelqedoonii qabee addaan diige yaada kana. Isumatu babaldhatee kijibdoota meeqa horee hardha yaanni kumaatama ta'e. Kan ganama yaadamaa ture hayyootni amantaa cichanii kan barsiisan ishuma karaa walooma(tawaahidoo) kanadha.

Ammoos tooftaaan yeeyyota amantaa dhugaa nama gansiisan kanaa keessaa inni guddaan: "amantaan maali?maqaa amantaas kana sani hin jedhinaa;amantaan nama hin fayyisu" callisa Gooftan jira jedhaa bulaa jedhu.Kuni karaa balleessaa isa itti aanutti nama geessuf itti of

qopheessanidha.Wanti ta`ee agarru kuni hundi amantaadhan kan ta`e akka ta`e hin beeknuu nuti? Kitaabuma qulqulluu iyyuu eennuti barreessee,seera itti godhee,lakkoofsa isaa daangessee,maxxansiise? Namoota akkasuman kara deemtutu fedhaa fi qabeenya isaaniin kana raawwatee? Warra amantaa keessatti gurmaa`an mitii? Kanaaf akkamiin amantaan maali jennaree? Akkas taanan wanti waloo kamuu hin barbaachisu hundu akkuma hubannoo laphee keenyatti kophaa kophaa keenya fiigna jechuudharee? Waaqumtuu jiraachuusaa barsiisa amantaa keessatti kennamuun beekne, nutti muldhachuu isaatis akkasiin beekne, haala jireenya isaallee amantadhan beekne,fedhii Isaallee akkasuma. Baruumsichi amanticha keessa jira miti? Yookan sobas dhugaas akkasumaan walitti qabnee amanna jechuudhaaree. Inni akkasii amantii miti, ilaalcha fooniti.Amantaan malee Waaqayyoon gammachiisun hin danda`amu jedha kitaabni.“Amantii malee Waaqayyoon gammachiisuun hin dandahamu. Eenyullee Waaqayyotti dhihaachuu yoo barbaade, inni akka jiru, warra isa barbaadaniifis gatii isaanii akka kennuuf amanuun isa irra jira. (Ibro. 11:6)

FAYYISAAN EENYU?

Warri amantaa ortodoksi gadi lakkisanii Gooftaa’ fudhanne jedhan kanaaf,Fayyisaan eenyu?Isiniif fayyisaan keessan eenyu?Fayyisaan keessan isa Ortodooksin Iyyasuus Kirisoos fayyisaadha jettuun kanarraa addaa laata?Adda taanan karaa dogongoraarra jiru jechuudha.Maaliif yoo jenne,dhala namaa kan fayyisu Waaqa tokkicha waan ta`eefi. Addaam cubbuu hojjeteen, kan fayye dhiiga Kiristoosin,cubbuu darbaan sababa Dhiiga kiristoosin nurraa cite. Kanaaf dhukuba cubbuu akkasiif fayyisaan Waaqa qofa jechuudha.Waaqni sun ammoo olitti akkuma ibsine Iyyasuus Kiristoos akka ta`e ilaallerra.

- “Ani Waaqayyo anaan malee kan fayyisu hin jiru”(Isa 43:1).
- “Ana malee Waaqni biraa hin jiru. Ani Waaqa tolaa fi qoricha, ana malees homtuu hin jiru” (Isa 45:21).
- “Waaqa qoricha keenyaa nu deebisi dheekkamsa kees nurraa deebisi” (Far 84.4).
- “Namoonni hundumti akka fayyaniif gara dhugaa beekuu akka dhaqqabaniif kan fedhu qoricha keenya Waaqayyoon duratti gaarii fi kan si gammachiisu kana”(1Xim 2:3).

Egaa Waaqni keenya fayyisaa keenya ta`ee,inni Iyyasuus Kirstoos dha jechuudha.kanaaf “Fayyuunis waan biraan homaanuu hin jiru;samii gaditti akka ittiin fayyinuuf kan nuuf ta`u

namaaf kan kenname maqaan biraa siruma hin jiruuti.” (Ho.Du.Bu 4:12) jedhamee kan barraa`eef.

Garuu ammas haa hubanno,waan hafetu jira,amanuu qofaan ni fayyina moo,amanuun keenya kan xumuraati moo fayyuu keenyaf kan jedhu ilaaluu qabna.

Namoonni baay`een caqasa “Ilma Waaqayyotti kan amane inni jireenya bara baraa qaba” (Yoh 3:36) jecha jedhu qofa qabatu. Wanti hubachuu qabnu garuu Waaqayyo Ilmatti amanuu dhiisuun keenya du'aa nutti murteessa. Waaqayyo Ilmaatti amanuun keenya qofti garuu jireenya bara baraatti nun galchu." kan amanee kan cuuphame ni fayya kan hin amanne garuu itti murtaa`a (Mar 16:16) jdhamee ammo,amanuun kuun dirqamni biraa kan itti fufu akka jiru kitaabumti nuttima. Amanuu fi cuuphamuu dhabuu keenyaf nutti murtaa`a. Amanuufi cuuphamuu qofaan garuu mootummaan Waaqayyo hin dhaalamu. "Foon koo kan nyaate dhiiga koo kan dhuge jireenya bara baraa ni qabaata Foon koo kan hin nyaanne Dhiigakoo kan hin dhugne garuu itti murtaa`a(Mat 26:26), jedhamee ammo dirqamni itti fufeera. Fooni fi Dhiiga isaa nyaachuu dhabuun keenya nutti murteessisa. Fooni fi Dhiiga Gooftaa fudhachuu qofti garuu nun fayyisuu.

Kanaaf Gooftaan fayyisaa keenya jennee amannus dirqamoonni ammo fayyina xumuraa namaaf kennan akka jiran beekuu qabna malee,akkasuman caqasarra Iyyasuus,akkana,akkasi…..jedhanii shamaddaduun fayyina hin ta`u.

Bal’inaan hubaachuuf barreeffama dubbii Fayyinnaa jedhu sirritti dubbisa!

AMANTAAN MEEQA? GOOFTAN HOO MEEQATU JIRA?

Namni amantaa Ortodooksii gadi lakkisu amantaan sirriin kiristoosin meeqatu jira jedhee amana? Lamaa,sadii……Lakki akkuma kirstoos tokko ta`e amantaan tokkodha jedha.Amantaan sirriin takkitiidha malee haaran,ykn lamaa sadi hin jiru. “Akkuma abdiin waamichaa inni isin ittiin waamamtan tokkicha ta’e, dhaqni tokko, hafuurris tokko, Gooftaan tokko, amantaan tokko, cuuphaan tokko.” (Eef. 4:4) ammas deebisee kitaabni "amantaa yeroo tokko qulqullootaf kennamteen qabsaa'a!"(Yihuda 1:3). "Karaarra dhaabadhas, ilaalas. kara isheen duraas gaafadha. kara ishee bayeettin eessa akka jirtu bara. Isheerras deemaa, lubbu keessaniif boqonnaa argattuu(Erm 6:16). Amantaa yeroo tokko Qulqullootaf eebbifamtee keennamteen qabsaa'uu dhabuun keenya nutti murteessisa, amantaa yeroo tokka qulqullootaf kennamtee keessa deddebi'uu qoftii garuu nu hin fayyisu.

Kanaafidha qulqulluu Phaawulos ergaa isaa irraatti "Kanas argadhee waanan guuttadheef miti; garuu Kiristoos kan Isaa waan na godhateef, anis isa kana bira ga'ee harka koo keessa galfachuudhaaf duukaa kaachuutti nan jira. Obboloota koo, ani akka nama harka isaa keessa isa galfateetti of hin lakkaa'u. Haa ta'u iyyuu malee, waan tokko nan godha; wanta na booddeetti hafe yaaduu dhiisee, wanta na dura jirutti nan hiixadha. Akeeka sana bira ga'ee gonfoo warra mo'anii argachuudhaaf nan kaadha; gonfoon warra mo'anii kunis waamicha isa Waaqayyo karaa Iyyasuus Kiristoos itti ol nu waamee dha (Fil 3:12-14).

Walumaa galatti namni tokko, guyyaa yaadan qalbiidhan, qaaman luka isaa mana kiristaanaa keenya keessa baasu, kiristoos isa dhugaa sana of keessaa baasee kan biraa uffachuuf deema jechuudha. Barsiifni sirriin mana kiristaanaa kana keessatti lallabama waan ta`eef. Gaafa amantaa kiristaana Ortodooksii keessaa bahu, caalatti kan Kirstoositti dhiyaate itti fakkaatu iyyuu, onnachuu fi kan dhugaan ifeef ta`ee kan yaadu ta`u iyyuu inni caalatti kiristoosirraa kan fagaatefi humna Waaqummaa Iyyasuus kirstoos kan gane ta`uu isaa hubachuu qaba.

Egaa Waaqa jennee deebinee amalaajii (araarsaa jechuurraa) waaqni nu haa baraaru. Nuti inni Waaqa keenya jennee isaaf sagadna, sooma isaa soomna, guyyaa dhaloota isaa,cuuphaa isaa,fannisamuu isaa,du`aa ka`uu isaa,ol ba`uu isaa,Afuura jireenyaa nuuf erguu isaa kana hunduma ni kabajna ni beeknas.Barsiisni kanarraa adda ta`enu irratti aboo hin qabaatin…maqaa kiristoosin seexana baasaa turre,tinbiitii dubbachaa turre,Yaa Gooftaa yaa Gooftaa jennee iyyaa turree..ooda ani isin hin beeku asii badaa jedhamurraa Waaqayyo nu haa baraaru.

Ammoos Waaqi iccitii abbota keenya duuka bu`ootaaf, hayyoota amantaa keenyaa qulqulluu Atinaatewos, Qeeloos, Eephifaanewos,Gorgoroyoos lamaan, Yohaannis Aafwaarqee fi kan birootif ibsee,diina durumayyuu diinummaan isaanii beekame qaanesse, humnaa fi arraba moo`ichaa nuuf haa ta`u Ameen.

Hin shakkinaa nuti jiraattotaa.Hin shakkina nuti Kiristoos isa dhugaa qabnneerra.Isattis amanneerra. Hin shakkina nutii bobaa fayyisaa isa dhugaa jala jirra. Hin shakkina nuti Maqaa Abbaa Ilmaa fi Afuura Qulqulluutin cuuphamneerra. "Iyyasuus Kiristoos kaleessa hardhas borus hanga bara baraatti isuma waan ta`eef barumsa keessummaa adda addaa haaraa ta`een hin fudhataminaa" (Ibroota 13:9) akka jedhee kitaabni akka nu abboome, mana dhagaa kattaarratti ijaaramne waan taaneef bobaa Waaqayyo jala jirra. Kiristoosin chaappeffamneerra.Diina chaappaa kana nurraa haquuf maqaa isa fakkaatu sobaa nu dura qabu irratti haa dammaqnu! Warraa akka seexanni Gooftaa yemmuu gadaamii Qornxoositti yemmuu qoraa ture sana kitaaba

qulqulluu irraa caqasa caqasee sana ammas warra sobaan caqasa tarreessan irratti dammaqaa! Amantaan keessati amantiin cima dhaabbadha! Waan gaarii irratti wal jajjabeessa,waan gadhee irra wal deebisa!

ARAARSUMMAA

Araarsummaa ilaalchisee adduuyaa irra ilaalchi sadi jira.

1ffaa.”Araarsummaa wanti jedhamu hin jiru”. Eenyumtu eenyuuf hin kadhatu kallattiidhaan gara Waaqayyootti dhihaachuun ni danda’ama.” Gareen jedhu jira.

2ffaa.”Araarsummaan ni jira”.Ni barbaachisas.”Jedhanii raawwatanii “Araara kan namaaf kadhatu garuu /Galatni fi ulfinni isumaaf haa ta’uu ti/ Kiristoosi dha” gareen jedhudha.

3ffaa.Immoo“Araarsummaan ni jira.Araarsummaan gahee uummamtootaati malee gahee Waaqayyoo miti kan jedudha.Amantaan Ortodooksii Tawaahidoo ilaalcha sadaffaa kan keessatti ramadamti.

Amantiin pirooteestaantii waa’ee ‘Araarsummaa’ kan qulqullootaa haala armaan gadiitiin barsiisa.Wanti ‘QULQULLUU’jedhamu hin jiru.Hundi keenya /amantootni hundumtuu/ qulqulloota dha.Araarsummaan raawwatame kan jedhamu fooniin yeroo biyya lafaa irra jirru waliif yoo kadhanne hojii irra oola. Yaada kana qophaa isaa yoo laalle, yaada isa duraa wajjiin wal- faallessa “Hundi keenya Qulqulloota erga taane, inni tokko isa kaanif araara kadhachuun isaa maalif barbaachise?” gaaffii jedhu kaasisa.

“Du’a fooniitiin dura malee du’a fooniitiin booda namni araara namaaf kadhachuu danda’u hin jiru.” kan jedhu dha.Kanaaf kan nuuf kadhatu Gooftaa Iyasuus kiristoosi jechuun dubbii gabaabsu.

1.ARAARSUMMAAN MAAL INNI?

Araarsummaan sirnoota kadhannaa mana kiristaanaa keessatti raawwataman keessaa isa tokko.Manni kiristaanaa kadhannaa galateeffannaa, kadhannaa “Araarsummaa’ fi Waaqayyoo irraa waan rakkanne kadhachuu fi k.k.f. ni qabdi.Kunis dubbisuun fi yeedaloodhaan raawwatama.“Gooftaan dhihoo dha.Waan hundumaan kadhannaan fi araara araarsummaadhaan akkasumas galateeffannaadhaan kadhaa keessan Waaqayyoo biratti beeksisaa malee gonkumaa hin dhiphatinaa.” Jedha.(Fil 4፥6) “Manni kiristaanaa araarsituu dha. Sababa kanaaf

manni kiristaanaan ‘Kadhannaa Araarsummaa’ /ጸሎተ አስተብቍዖ/ ni qabdi. Fakkeenyaaf “Waaqayyoon beekumsa fi Isa sodaachuu akka isaaniif kennuuf waa’ee qondaaltota fi waa’ee warroota aangoo irra jiran si kadhanna.”/Sirna qiddaasee/ Kun ammo waan akka laayyootti raawwatamu odoo hin ta’in waan ragaa fi bu’uura Kitaaba Qulqulluu fi dhugaa qabu dha. Phaawuloos qulqullichi “Egaa, Waaqayyoo fakkachuudhaan fi tasgabbiidhaan Callisnee fi tasgabboofnee akka jiraannuuf kadhannaa fi Araarsummaa kadhachuun galateeffannaas namoota hundaaf mootiiwwaniif fi qondaaltotaaf akka raawwatamaniif (taasifamaniif) hundaan dura ni gorsina.”(Xim (1 ffaa) 2፥1).

Kiristaanni tokko ofii isaatiif ni kadhata, ni galateeffatas. Akkasumas ofi irraa darbee namoota biroof illee araara ni kadhata; ni galateeffatas. Araarsummaa fi kadhannaan dhuunfaa bifa addan qoodamanii kan ilaallamanii dha. Haata’u malee lachuu kadhannaa dha.Lamaanuu qaama kadhannaa ta’uu isaaniitiin akkuma saantima fuula lamaatti haa ta’an malee, manni kiristaanaan keenya garuu kadhaa fi araarsummaa odoo wal-keessa hin makin adeemsisti.

Kanaafuu araarsummaa jechuun walitti araarsuu, dhiheessuu, akka waliif galan taasisuu, dhiifama akka argatan taasisuu jechuudha.

2. ARAARSUMMAAN GAHEE (HOJII) EENYUU TI?

Araarsummaan gahee (hojii) uummamtootaa qofa dha. Haala kamiin illee haa laallu! Gonkumaa gadhee (hojii) Waaqaa ykn Uumaa ta’uu hin danda’u.Uummamtota keessaas uummamtoota lamatu waan kana raawwatu.Isaanis፦ warri Waaqayyoon kabajee isaan uume ‘Ergamoota waaqaati fi ilma namaa keessaa immoo warroota qab-suura adda addaa keessa dabran arjummaa Isaatiin warra jaallatamtoota isaa ta’an fi warroota kennaa waaqayyoo argatan fi qulqulloota ta’anii dha. Isaan kana keessaa haadha Waaqayyoo Qulqullittii Qulqullootaa kan taate Giiftii Keenya Dubroo Maariyaami gahee harka caalu qabdi. Araarsummaan hojii (gahee) cubbamtootaa miti. Namni cubbamaan cubbuu isaa of irraa haqsiisuuf kadhachuutu irraa eeggama malee “kana irraa darbee deema” jedha taanaan “kan ishii gubachaa odoo jiru kan ormaa kokorsiti” jechisiisa. Laphee cubbamtootaa keessaa cubbuu malee eebbi / በረከት/ bahuu hin dandau.”Jedha waanta’eef kitaabni. (Saam. (1ffaa) 24፥13)

3. ARAARSUMMAAN BAKKA MEEQATTI QOODAMA?

Araarsummaan bakka lamatti ramadama.

1ffaa.Biyya lafaa kana irratti odoo jiraatan kan raawwatamu yoomu ta’u,

2ffaa. Immoo erga jiruu biyya lafaa kana irraa boqatan booda kan raawwatamu dha.

Raawwii Araarsummaa

Araarsummaan Kitaaba Qulqulluu bu'uura godhachuun akka barsiifannaa mana Kiristaana keenyatti kallattiiwwan gurguddoo sadiin adeemsifama.

A.Namni cubbamaan, fedhataan Araarsummaa Kabaja qulqullootaatiin fi Miiltoowwan Waaqaa ta'uu isaaniitiin (kennaa Araarsummaatti) kennaa Waaqa Qulullootaa kan ta'e Waaqayyo guddaadhaan amanu, barbaadee fi fedhee qaama Araara isaaf kadhatu bira dhaqee, maqaa araarsaa sana kabajaan waamaa yeroo gaafatu kan raawwatamuu dha. Kanaafillee fakkeenya gaarii kan ta'u seenaa Eelsaa raajiichaati Moot. (2ffaa) 2፥1-16

"…. Uffata Eeliyaas harkaa fudhate san fuudhatee deebi'ee qarqara galaana Yoordaanoositti dhaabbate.Uffata harka Eeliyaas irraa fuudhe saniin galaanicha dhahee raawwatee "Waaqayyoon, Waaqni Eeliyaas garam jira?" jedhe.Bishaanicha illee yoomu dhahu, bishaanichi gamaa fi gamanaan addaan baname.Eelsaan illee ni ce'e." Kana bu'uura godhannee;"Waaqa Qulqullootaa" jechaa kadhanna.Gara Waaqa keenyatti akka nuuf kadhatan Qulqulloota of duraa aansina.Gidiraawwaan, rakkoo fi qormaata nuful-duratti danqaraman hunda maqaa isaanii waamaa gara Waaqayyootti yoomu kadhannu nufuul-duraa dhabama."Iyyoosaafxi, raajicha Waaqayyoo; isa maqaa isaatiin Waaqayyoo gaafannu asitti hin argamuu? Jedhe hojjettoota keessaa tokko Eeliyaasiif bishaan buusuun kan tajaajilu fi tajaajiltoota isaa keessa isa tokko kan ta'e. "Ilmi saafaaxi Eelsaan as jira" jedhe. (2Moot.3፥11) Mootichi ofuma isaatii Waaqayyoo gaafachuu ni danda'a ture, garuu kana gochuu dhiisee of gad-qabuudhaan dhihaateera. Kunis kabaja inni qulqullootaaf qabu agarsiisuufi.Eelsaan illee Waaqayyoo kallattiidhaan waamee "Bishaan (galaana) kana addaan naaf saaqi."Jechuu danda'a ture.Garuu kabaja fi qulqullummaa abbaa isaa, barsiisaa isaa sirritti waan beekuuf of gad-qabe, Eeliyaas immoo ol-qabee kabajee argamuu isaatiin wanti inni gaafate sun guuttameef jira.

B.Qulqullichi, kennaan Araarsummaa itti kenname sun gaaffii araarsummaa cubbamichi osoo hin gaafatin qulqullichi fedhiidhuma isaatiin kan dhiheessuu dha. Adeemsa araarsummaa isa 2ffaa kana sirritti kan nuuf ibsu, seenaa Muusee isa S.Bahuu 32፥1-32 irratti argamu, isa tokkoo dha. Uummatni Israa'eel waaqa tolfamaa waaqeffachuu isaaniitiin Waaqayyoon akka isaan hin balleessineef Dureen raajotaa Muuseen Waaqayyoo ful- dura ni dhabbate. Hanga Israa'eelotni "Waaqayyoo nuuf kadhadhu!" jedhanitti illee hin eegne. "Yaa Waaqayyo dheekkamsi uummata

kee isa humna guddaanii fi harka cimaan biyya Misir keessaa baafte irratti maaliif hammaata?…Balaa keerraa deebi'i. Hammeenya uummata kee irrattis garaa laafi."Sanyii keessan akka urjiiwwan samii fi cirracha galaanaatti nan baay'isa, lafa waadaa isiniif gale kana illee isiniif laadha.Bara baraaf illee ni dhaalu."Jedhuun gabroota maqaa keetiin kakatteef san **Abrihaam, Yisihiaaq fi israa'eel** yaadi."

Raajichi Muusee kadhannaa kana yoomu xummuru maaltu ta'e jennee osoo gaafanne, "Waaqayyoonis balaa uummata Israa'eel irratti buusuuf yaadee ture san ni dhiise.Garaa ni laafe." jedha Kitaabni Qulqulluun. Dubartiin kana'anii daa'imni ishii jalaa dhibamte, araara gaafachuuf /kadhachuuf/ gara Gooftaa keenya fayyisaa keenya Iyyasuus Kiriastoos osoo dhuftu fi kadhattu, duuka buutootni Gooftaa keenyaan (… Nu duuba iyyaa jirti waan ta'eef geggeessin.) jechuudhaan gaafataniiru. Duuka buutotni kana kan raawwatan "Gara Gooftaa keenyaatti naaf kadhaa". Waan isaaniin jetteef osoo hin ta'in, kennaa araarsummaa isaaniif laatameen dha. /Mat 15፥21-28). Nutis duuba isaanitti (duuka buutotaatti) yoo iyyine /kadhanna/akkuma kana nuuf raawwatu.

Seenaa fakkeenya muka balasiitiin walbira qabamee kaafame fi eegumsa cubbamtootaa ifa baasee kan agarsiisu illee isuma kana nuuf addeessa. Cubbamaan tokko gumaa (firii) buusuu dhabuun (qabaachuu dhabuun) isaa isaaf beekkamuu dhabaatu illee ergamoota isa eeganiif fi qulqullootaaf kan beekkamu ta'uu isaatiin, qulqullootni fi ergamootni isa eegan isaaf kadhatu.Akkas jechaa. "Yaa Gooftaa naannawaa ishii shuqunaa koosii /xaa'oo/ hanga goonuuf waggaa kanaaf dhiisiin. (Luuq 13፥10) Isa kana kan beekan Waaqayyoo fi Qulqulloota isaati malee mukattiin hin beektu.

C. Waaqayyoon qaama Araarsummaa gaafatu fi gaafachiisu giddutti seenee yeroo ajaju kan raawwatamu dha. Waaqayyoo mataa Isaa nama Isa kadhate kallattiidhaan isa fayyisuu osoo danda'u, "Abaluun sii haa kadhatu." maaliif jedha? Cubbamtoota gara namootaatti maaf erga? Yoo jenne, tajaajiltoota isaa waan ta'aniif kabaja isaan qaban ibsuuf qofa dha. Akkasumas Inni (Waaqayyoon) kallattii baay'een nama fayyisuu akka danda'u nu hubachisuu fi Dandeettin Isaa kunis bu'aa arjummaa Isaa akka ta'e nuuf beeksisuu barbaadeeti. Isa kanaaf immoo fakkeenya gaarii kan nuuf ta'u seenaa Abrihaamii dha. Mootii Geraaraa kan ture Abemeleek haadha manaa Abrihaami kan taate Saaraa wajjiin fedhii foonii isaa guuttachuuf, kabaja ishii salphisuuf barbaadee ture. Waaqayyoon garuu cubbamaan kamiyyuu cubbuu isaa irraa akka

deebi'uufi malee akka badu hin barbaadu waan ta'eef "Haadha manaa namichaa deebisi. Inni raajaa dha waan ta'eef kadhannaa siif raawwata, ni fayyitas. "Jechuudhaan gar-laafeenya Waaqayyoo yoomu ibsuu fi gara qulqullootaatti yoomu akeeku (qajeelchu) laalleerra Kitaaba Qulqulluu keessatti. (S.Uum.20፥1-18)

Araarsummaa du'a fooniitiin booda jiru

Warrota "Araarsummaa du'a fooniitiin dura jiru ni amanna.Isa du'a fooniitiin booda jiru garuu hin amannu."Jedhaniif Kitaabni Qulqulluu deebii itti aanu qopheesseefi jira.Araarsummaa du'a fooniitiin booda jiru ilaalchisee akkas jedha kitaabni qulqulluu. Lubbuun, uummamtuu Waaqayyoo irraa namaaf kennamte fi yaaduu, dubbachuu fi jiraachuu kan nu dandeessistu fi booda irratti gara Waaqayyootti kan deebitu dha. (S.Uummamaa 2፥7, Makbib 12፥7) Kanaafuu qulqullootni sababni isaan waan hunda beekaniif, du'a fooniitiin booda jiraattota sababni isaan ta'aniif ,sababni isaan nudubbisaniif fi kan isaan dubbisnu lubbuu tanaani. Galatni fi Ulfinni Isumaaf haa ta'uutii Gooftaan keenya Fayyisaan keenya Iyyasuus Kiristoos illee "Ani Waaqa jiraattotaati malee Waaqa du'ootaa. " sababni jedheef illee kana. (Maat 22፥32)

Qulqullootni gara Waaqayyoo deeman erga isaan jiruu adduunyaa kana irraa boqatan booda waan adduunyaa kana irra raawwatamu hanguma Waaqayyoon isaaniif ibseen beekuu akka danda'anii fi Araara akka nuuf kadhatan Kitaabni Qulqulluu nuuf ibsa.Fakkeenya armaan gadii haa laallu.

A. Dhaloota Kiristoosiin dura waggoota 1500 dursee du'a fooniitiin kan boqate Muuseeni fi fooniifi lubbuun isaa osoo gargar hin bahin gara samiitti kan ol bahe Eelyaas lachuu yeroo Gooftaan foon uffatee dhufe san tulluu Taaboor irratti mul'atanii jiru 'Kadhannaa yoomu geessu (Gooftaan keenya) bifni fuula isaa ni jijjiirrame uffatni Isaas adii ta'e; akka bakakkaattis ni ife. Namootni lama dhufanii isa wajjiin haasa'aa turan.Isaanis Muusee fi Eeliyaas turan. "Kabajaan mul'atanii waan Iyyaruusaaleem keessa uummamuuf jedhu waa'ee bahuu isaas haasa'aa turan. (Luuq 9 ፥29-31)

B. Wareegamtootni du'a foonii erga du'an booda, lubbuu foon uffattee hin jirre saniin waan adduunyaa kana irra raawwatamaa jiru akka beekan fi Araarsummaa akka nuuf raawwatan mul'atni Yohaannis akka nuuf ibsutti haala armaan gadiitti ibsameen taa'a. "Hidhaa isa shanaffaa yoomu hiiku, lubbuu namootaa warra sagalee Waaqayyoof fi wareegamummaa kan

isaan eegan saniif qalaman siida aarsa isaa jalattan arge. Sagalee ol-ka'aatiinis iyyaa "Yaa Gooftaa dhugaa fi qulqulluu, hanga yoomitti harka kee murtii irraa qabda?Haaloo dhiiga keenyaas hanga yoomitti warroota lafa irra jiraachaa jiran irratti baasuu dhiista?" jedhan.Hunda isaaniif uffanni adii itti kenname. Warroota akkuma isaan ajjeefaman saniin ajjeeffamuu qaban, gabrootni michuuwwani fi obboolootni lakkoofsi isaanii hanga xummuramutti waggoota muraasaaf akka boqatan jedhameef." (Mul .Yooh.6፥9-11)

C. Barnoota Gooftaan keenya Fayyisaan keenya Iyyasuus Kiristoos barsise keessaa isa tokko kan ta'e seenaan Abrihaam, Nawee /dureessichi/ fi Al'aazaar du'a fooniitiin booda illee Araarsummaa fi kadhaan akka jiru kan nuuf hubachiisu dha. (Luuq. 16፥19-31)

D. Pheexiroos qulqullichi erga inni du'ee booda amantootaaf akka kadhatu ibsuun isaa ragaa dabalataa dha. "Akkuma Gooftaan keenya Fayyisaan keenya Iyyasuus Kiristoos natti agarsiisetti, jiruu kiyya isa biyya lafaa kana irraa akkan dafee gargar (addaan) bahu nan beeka. Wantoota kana yeroo hunda yaaduu akka dandeessaniif nan tattaaffadha. (2ffaa Phex. 1፥13-15)

Walumaa galatti

Warrootni fooniin du'anii lubbuun jiraattota ta'an warroota fooniin jiraattota ta'aniif ni araarsu. Warrootni fooniin hin dune warra fooniin du'anii lubbuun jiraattota ta'aniin "nu araarsaa!" jechaa ni kadhatu. "Ji'oota sanitttis kadhannaan jaallatamtootni koo qulqullootni kadhannaan isaanii gara waaqaatti ol bahe. Warri adduunyaa kana irraa dabaan ajjeefaman dhiigni isaanii waaqa ergamtootaa duratti ni jaallatame. Ji'oota kana keessa qulqullootni samiitti jiraatan sagalee tokkoon ta'anii wal-ta'anii ni galateeffatu. Ilma namaaf illee dhugumaan ni kadhatu. Uumaa isaanii ni galateeffatu." (Heenok 12፥33). Warri fooniin du'an warra fooniin hin duuneef, akkasumas warri fooniin hin dune warra fooniin du'aniif ni kadhatu jechuun kanuma.

Waaqayyoon Kadhaa fi Araarsummaa Qulqullootaatiin nu haa eegu.

Ameen

- **Hubaannoof namoonni gargaraa waan jiruuf waliif daddabarsa!!!**